Barullee Hadha/Abbaa Qajelcha Kennu

Tajajila Eegumssa Daa'imani (CPS) Ilalchise

Bulchiinssa Daa'immaani (Children's Administration)

Damee Daa'immaani fi Tajajila Maatii (Division of Children and Family Services)

Xarapheezza Tarttiba Qabxiilee

Maqaa Ramaddii	Fuula
Tajajili Eegumssa Daa'imani (CPS) Maal?	2
Ijoollee Reebuuf Adiyyomssuun Maal?	2
CPS Wa'e Kiyya Akkamit Dhagahe?	3
Daa'ima Kiyya Hasofsiisuuf CPS Mirgga Maali Qaba?	3
Dhimma Kana Keessa Poolisiin Yoom Seena?	4
Ijoollee Nama Irra Fuudhuu ("Protective Custody") Jechuun Maal?	5
Daa'imi Kiyya Narra Eegi Fuudhameen Booda Malitu Taha?	5
Ana Fi Maatiin Kiyya Tajajili Nu Arggachu Danddeennu Kamit Jira?	6
Sirna Deebi Gosa Biro (Alternative Response System (ARS)) Jechuun Maal?	7
Yo CPS Ka Na Qoratu Tahe, Mirggi Ani Qabu Maal?	8
Hala CPS Dhimma Kiyya Itti Adeemsisuut Jiru Yo Ka Mormmu Tahe, Mirgga Maal Qaba?	9
Mana Keessa Ijoolle Baasani Gara Mana Biro Qubsisu Jechuun Maal?	10
Maxxannuma ("Dependency") Jechuun Maal?	11
Akka Hadha/Abbat Mirgi An Qabu Maal Yo Daa'imi Kiyya Mana Kiyya Keessa Baafame, Ykn Maxxanne (Dependent) Ta'e?	11
Mirggi Daa'ima Kiyya Maal Fa?	13
Wanni Narra Eegamu Maal?	13
Daima Kiyya Akkamit Deebifadha?	14
Hogeessi Seera Na Barbbaachisa?	15
Fula Dura Daa'ima Kiyyati Akkamit Karora Baasu Dandda'a?	16
Mirgga Hadha/Abbumma Haaquu ("Termination Of Parental Rights?") Jechuun Maal?	17
Nami Tokko Maal Godhu Dandda'a Murti Dhimma Ilalchise Hojjata Hawasa Ka CPS Wajjiin Yo Walmormmi Jirate?	18
Nami Tokko Odeeffanno Dabalama Eessa Arggachu Dandda'a?	18
Nama Addaan Hiru (Nondiscrimination) Dhiisu Ilalchise Poolisi Jiru	19

Tajajili Eegumssa Daa'imani (CPS) maal?

Dame Hawasa fi Tajajila Fayya (DSHS), Kuta Tajajila Daa'imani fi Maati (DCFS) keessa hojjatoni hojjatan sochi isan adeemsisan keessa tokko CPS. Ijoolle Reebumssa fi Adiyyomssu irra eeguun tayta CPS.

Hiika seera ka reebumssa ykn adiyyomsu (abuse or neglect) yo ka guutu tahe, yo ijoolleen ya reebamtte ykn adiyyomte jedhame shakkame, CPS akka qoratu seeri ni dirqqisisa.

Daa'iman reebu fi adiyyomssu (CA/N) jechuun maal?

CA/N ka gosa gosat jira:

Rebumssa Qaama jechuun oso beekani qama daa'imani irrat miidha fidu jecha (caba lafe, dirmmammu, gubu, kutu fi miidha biro) ykn tarkkanffi ijoolle baayye miidhu dandda'u, garu ka tasa oso inmiidhin hafe (meeshan ijoolle dhahu, bakka ijoolleen jirtut qawwa dhukasu, ykn tarkanffi biro ka kana fakkaatu).

Reebumssa sammu jechun, daa'imi akka injalatamnne akka itti dhagahu godhu, ykn akka inni/ishiin baddu taate ykn gati inqqabnne akka itti dhagahu godhu (daa'ima gad diqqeessu, akka daa'imi hiriyya inqqabanne dhowwu, arrabssu, fi adaba kana fakkatan). Mana keessat hadha/abban walreebun (domestic violence) akka reebumssa sammu daa'immanit fudhatamu ni dandda'a.

Adiyyomssuun ka dabalu: mana bala irra ittifame, nyata, waya, ykn mammula fayya qama/ilkkaani dhiheessu dhiisu; daa'ima diqqa nama ishi/isa mammulu inddanddeene birat dhiisu, ijoolle sirrit inhidhamin konkkolata keessa oso qabani macha'ani konkkolata oofu, fi ka kana fakkaatan. Ijoolle gugurddo tatelle sirrit toohachu dhiisuun akka adiyyoomssuut fudhatamu ni dandda'a.

Reebumssi saala ka dabalu: daa'ima fedhi sala gutuuf ittiin fayyadamu, qaama saala daa'ima fakki kaasu (pornographic), daa'ima sharmmuxsiisu, ykn sochi saala ka akana fakkaatan daa'ima irrat adeemsisu.

Sochileen biroollen akka daa'ima reebu ykn adiyyoomssu ka fudhataman ni jiru; yero hundduma fayya, eegumssi (safety), ykn itti tolumssi (welfare) midhamu isa ykn miidhamu dandda'un isa xiyyeeffanna keessa ni gala.

CPS wa'e kiyya akamit dhagahe?

Ijoolleen keessan eegumssa ykn maammula barbbaachisu akka inarggatin shakkuun gabasi gara CPS dhaqqabe jira.

Namoni gari ka akka hakima, narsi, barsiftoti, hojjatoti hawasa, namoni gorssa kennan (counselors), saykolojistoti (psychologists), namooni ijoolle eegan, ofiserooni dhimma shamarra/darggaggo, hojjatonni Dame Mana hidha, namoni reeffa qoratan (coroners), fi name guddan ijoolle baayye reeebamtte ykn adiyyomtte wajjiin jiratu, ijoolleen yo rebamtte ykn adiyyomtte jedhani shakkan, gara CPS ykn poolisi gabasuuf seeran ni dirqqisifamu (Seera Mootumm Washington (RCW)) (RCW 26.44.030).

> **"Nami gabasu maqaan isaani akka dhoqqssamuuf CPS gaafachu ni dandda'a."**

Namoni dhguguman daa'imi tokko ya reebame ykn addiyyome jedhani yaadan, dhimma kana gara CPS ykn poolisi gabasu qabu. Sharriin ykn kijiban gabaasuun akka seera cabssu (misdemeanor) fudhatamuun seeran nama gaafachisu dandda'a (RCW 26.44.060 (4)). Namooni gabasuuf dirqqiin irra jiru, CA/N barani sa'ati 48 keesat gabasuuf dirqqii qabu.

Nami gabasu maqaan isaani akka dhoqqssamuuf CPS gaafachu ni dandda'a.

Daa'ima Kiyya Hasofsiisuuf CPS Mirgga Maali Qaba?

Gabasa shakki reebussa fi adiyyomssu daa'imani akka qoratu seeri CPS ii

anggo kenne jira. Qorumssa guutu adeemssisuuf CPS isin fi daa'ima keessan, fi namoota odeeffanno barbbaachisa tahe qaban, hasofssiisu ni fedhu. Oso isinit inhimin ykn hayyama keessan inarggatin, CPS daa'ima keessan hasofsisuuf CPS mirgga ni qaba. Daa'ima keessan mana barumssat, bakka eyddu ijoolleet, manat, ykn bakka biro gaari daa'ima tolut, dubbisu ni danddeenna.

Yo daa'ima keessan CPS hasofsiise hatattaman isinit ni himama.

Hala qaama daa'imani galmeessuf jecha CPS ykn poolisiin ijoolle keessan fakki kaasuf anggo ni qabu.

Qorannoon kun jabenna fi rakko (risk) maatin ijoollle irrat fidu qorachu yo ka dabalu taeh, hojjatan hawasa, rakko isin daa'ima wajjiin qabddan fi hala isini fi maati keessani foyyessuuf garggarssa kennamu ilalchise isin haasofsisuuf, mana keessan dhufani isini hasofsiisuf itti fufu.

Dhimma Kana Keessa Poolisiin Yoom Seena?

Gabasi shakki daa'ima reebu/adiyyomssu gara CPS ykn poolisa gandda keessani deemu ni dandda'a. Gabasa isan dhaqqabe hundduma CPS ti himuuf polisiin dirqqi qabu. Gabasa, du'a, miidah qama, reebumssa saala daa'imani fi badi biro qabu hundduma polisit himuf hojjatonni CPS diqqi qabu.

> **"Daa'ima mana keessa baasuun yo barbbaachise, polisii dhimma kana keessa seenu ni danda'a."**

Daa'ima mana keessa baasuun yo barbbaachise, polisii dhimma kana keessa seenu ni danda'a. Eegumssa hojjata CPS ii yo ka barbbachisu tahe, polisiin akka dhimma kana keessa seenu gafachuun ni dandda'ama

Hojjatooni CPS fi polisiin oso wajjiin hojjatanille, qorumssa adda ka mata isanii adeemsisu ni dandda'u. Polisiin bada seera ni qorata; fi CPS haala maati ni qorata. Oso badiin seera galmahu bagatelle, CPS hala maati keessat hirmmaachu itti fufa.

Ijoollee Nama Irra Fuudhuu ("Protective Custody?") Jechuun Maal?

Yo taso wa ta'uut jirate, yo daa'imi ni midhame jedhame yaadame, ykn duraan bayye reebame ykn adiyoomffame, polisiin daa'ima yero sa'ti 72 incaale "Protective Custody" keessa kahun dandda' (yeroon kun Sanbata diqqa (Saturday), sanbada gudda (Sunday) ykn ayyan wagga indabalu).

Daa'imi eegi harkka seeneen booda dhageetiin mana murtii sa'atii 72 keessat ni adeemsifamu qaba (yeroon kun Sanbata diqqa (Saturday), sanbada gudda (Sunday) ykn ayyan wagga indabalu).

Daa'imi Kiyya Narra Eegi Fuudhameen Booda Malitu Taha?

Daa'imi fuudhame bakka biro eegi kaahame boda, hatattaman isin beeksifnna. Daa'imi kankke yoom fi maalif akka isin irra fuudhame korbbon ibssu isiniif kennama. Maqa fi lakkoofssi bilbbila hojjata CPS isini kennama fi/ykn waajjiri isin deemtani oddeeffanno dabalama itti arggachu danddeettan isini himama. Maammula bakka jirenya daa'ima (shelter care) ilalchise dhageetiin yoom fi eessat akka adeemsifamu fi hoogesssa seera ka mana murtitiin qopha'elle akkamit arggachu akka danddeettan isini himnna.

Maammula bakka jirenya daa'ima (shelter care) ilalchise dhageetiin adeemsifam kana irrat daa'imi mana keessan keessa sababa baafamu inqqabnneef mana murtiit himuuf carra arggatu. Yo abbaan seera ykn komishineeriin waan isin jettan fudhate, daa'imi isini deeffama.

Dhageetiiin keessan komishinerra mana murti durat yo adeemsifame, murtin komishinerra mana murti mana, abbaan seera anggo irra gudda qabu akka murti kana irra deebi'e qoratu godhuuf mirgga qabddu. Irra deebi'ani akka

isani qoratan gaafachuuf, iyyanno keessan, komishineri mana murti murti murtteessa guyya 10 keessat gara mana murti dhiheeffachu qabdu.

Poolisiin eegi daa'ima isin irra fuudhe booda hata'ulee, DCFS tarkkanfiin mana murtii kun inbarbbachisu jechuun murtteessu ni dandda'a. Yero kun ta'e, fedhi keessaniin, akka rakkoon hiikamut, Daa'imi keessan bakka tokko akka kaahamu, waligalte akka mallateessitani gaafatamu danddeettan. Ykn tajajila wajjiin ijoolleen keessan mana keessanit isin deebifamu ni danddeet.

Ana fi Maatiin kiyya tajajili nu arggachu danddeennu kamit jira?

DSHS rakko hiikuuf tajajila baayye kenna. Tajajii gari DSHS iin kennama, ka gari immo hawasa keessat kennama. Tajajili CPS kennu buuree; galiin keessanilleen inilalamu. Garu, yo maatiin keeessan gara dhaba biro kafalti gaafatuut qajelfame, dhabi biro sun isin kafalchisu ni dandda'a. Tajajilooti-Mana Keessa-Alat kennaman, ka akka mammula guddifacha (foster care) baasi isin kafalttan qabachu ni dandda'u.

Tajajiloota hojjatan CPS maati keessan garggaruuf isini arggu dandda'an kana fakkatan: (tajajiloni kun hundduma bakka hundumat inarggaman taha.)

- Mana/Waya/garggarssa qarshi murta'e
- Tajajila Fayya/maammula fayya/maammula ilkkaani
- Tajajila garggarssa Mana keessa
- Eyddu ijoolle
- Tajajila dalaga nama barbbaadu
- Barumssa mala ijoolle gudisaniini

> **"Tajajilooni CPS ka asi gad jiran oso gali keessan inilalin isini dhihatu."**

- Tajajila karora maatii
- Geejjiba
- Tajajila Fayya Sammu
- Gorssa maati fi fuudha
- Baankkii nyaata
- Tajajila seera
- Sagantta namoota draga fi farsho baayisani
- Garggarssa buuree: namota hadha/abba garggaaran, Parents Anonymous
- Saganttale Namoota Mana keessat Reebmani (Domestic Violence)/ Reeebamuun Saala itti dhaqqabe

Sirna Deebi Gosa Biro (Alternative Response System (ARS)) Jechuun Maal?

Nanno Washington keessat, gabasi CPS mala rakko qorataniin ka Risk Assessment model jedhamun qoratamu. Yo odeeffannoon hojatat kenname, miidhan daa'imat dhaqqabu salpha akka ta'e muldhisse, dhimmimi keessan dhaba CPS ala jiru qajelfama; dhabi kun CPS wajjiin kontorata ni qaba, tajajila deeggarsssa daa'ima keessni ni keenna; tajajili kunis eegumssa daa'ima keessani ni mirkkaneessa; isinille deeggarssa sammu fi gosa biro isini kenna.

ARS irrat ka hirmmatan fedhi keessanin, tajajilota diduuf mirgga qabdu. Garu, gareen tajajila kennan kun isin fi ijoolleen keessan akka gammaddaniif akka isinit tolu isin garggaaru. Tajajila akkana hawasa keessat kennamu ka akkana yo arggatan, isin maammila CPS intatan jenne amanna.

Yo CPS Ka Na Qoratu Tahe, Mirggi Ani Qabu Maal?

Dameen seera 26.44 RCW jalat, gabsa reebamu ykn addiyoomu daa'ima yero qoratu, gabasa kana fi dameen waan qorate baree nama himatameet beksisu qaba. Ibssi kun posta galmaheen, teeso namoota ka yero dhumaatiif beekamuut ni ergama.

Wanii sadi baramu ni dandda'a. Ragaan Gahan ni jira (founded) kana jechuun, hojjatan qoratu reebamuun ykn adiyomssun jirachu isa ilalchise odeeffanno gaha ni qaba. Ragaan Gahan injjiru (unfounded) jechuun hojjatan qoratu reebamuun ykn adiyomssun akka injjire odeeffannon injira. Murti keennuun inddandda'amu (inconclusive) jechuun, hojatan qoratu qoratu reebamuun ykn adiyomssun jirachu isa murtteessu indanddeenne.

Reebamuun ykn adiyomssun jirachu isa ilalchise odeeffannoon gahan ni jira (founded) jedhame yo himatamttan, akka irra deebi'ame isini qoratamuuf wanni barame kun akka isani jijjiiramu gaafachuuf mirgga ni qabddu. Ibssi kun katabbiin dame irra isinii erggame guyya diddama keesat dameen akka irra deebi'e isini qoratu gaafachu ni danddeettu. Gaaffiin kun katabbiin dhihachu qaba. Yo gaaffiin keessan yero barbbachiset indhihatin, murti kana mormmu itti fufu indanddeettan; ykn dhageeti murti ykn irra deebi'e akka murtiin isini kennamu gaafachuuf mirgga inqqabddan.

Gaafin irra deebi'ani qorachu katabbiin eegi dhaqqabeen booda, dameen irra deebi'e ni qorata, yo barbbachisa tahe, murtti kana ni mormma. Hojjatoni hooganu naanno (regional management staff) kana irra deebi'ani qorachuuf taytta ni qabu. Qorannoon kun eegi xummurameen booda, dameen murti dhaaba katabbiin ni ibsssa. Ibssi kun, teeso keessan ka yero dhumaatiif beekamuut posta galmaheen ni ergama.

Qoranno dhabatii boda gabasi kun odeeffanno gahan ni jira jedhame (founded), murti kana mormuuf dhageetin murti akka isini ademsifamu gaafachu ni danddeettu. Ibssi murti qoranno dame muldhisu isin dhaqqabe guyya soddoma keessat murti kana mormuuf dhageetin murti akka isini ademsifamu gafachu ni danddettan. Murti kana mormuuf dhageetin murti akka isini ademsifamu yero barbbachisa tahet yo inggaafatin, bu'a qoranno kana mormmu ittifufu inddanddeettan; dhabi akka irra isin deebi'e isini qoratuuf murti kana mormuuf dhageetin murti akka isini ademsifamu gaafachu itti fufuf mirgga inqabddan.

Hala CPS Dhimma Kiyya Itti Adeemsisuut Jiru Yo Ka Mormmu Tahe, Mirgga Maal Qaba?

Wanni CPS yaachisu, namooni dhaba irra dhima qaban hundduma seera fi kabajaan akka tajajilaman godhu. Kanaf, Polisi fi adeemsa ummati mufanna isaini itti himatan (Citizen Complaint Policy and Procedure) fi baruuleen adda kana muldhisan ni qabna. Kun mufannan ummata, sirnaan, seeran fi yeroon akka deebi arggatu ni godha. Hala dhimmi keessan itti adeemsifame ilalchise mufanna isin, daa'imi keessan, miseenssi maatii keessani, hogeessa hawasa keessa jiru, ykn nama dhimma kana beekuun, dhihachu ni dandda'a.

Hala dhimmi keessan CPS iin itti adeemsifame ilalchise waan himattan ykn mufanna qabatan, himanna keessan duran durssitani hojjata CPS iit dhihessa. Yo hojjatan hiikka isini kennu dadhabe, nama hojjata toohatut dhihessa. Yo nami toohtau hiikka kennu dadhabe, Bulcha Aaana (Area Administrator), booda Bulcha Nanno (Regional Administrator) quunnamu ni danddeettu. Dhimma keessan hiikuf garggarssa yo feetan, 1-800-723-4831 bilbbiluun Waajjira Walqquunamti Maammila quunnama.

Nami fedhe hondduma itti 1-800-571-7321 bilbbiluun mufanna isani gara Wajjira Immimmanm Mati fi Ijoolle Eeganii (Office of the Family and Children Ombudsman) dhihessu ni dandda'u; dhaabi kun dhaba DSHS irra adda yo ta'u, tarkkanffi Bulchinssi daa'imani lammi Nanno Washington tokko irrat fudhatu hunduma qorachuuf mirgga qaba. Yero baayye dhabi kun oso dhimma keessa inseennen dura, mali mufanna itti hiikan ka dhabota keessa jiru dalaga irra akka oolu ni eega.

Mana Keessa Ijoolle Baasani Gara Mana Biro Qubsisu Jechuun Maal?

Ijoolleen CPS iit gabafaman yero baayye mana keessa inbafman. Yero baayye ijoleen mana isani irra mana birot ka kahaman, midha hatattaman ykn rebumssaf adiyomssun itti fufu isan irrat ni dhaqqabe jedhame yo yadame duwwa.

Yero baayye bakkan gaariin daa'imi kahamu firotan isa bira. Yo firi sirri tahe injjiratin, namoota gudisan ka hayyama qaban (licensed foster home) bira kaahamu, namoota gudisan ijoollee mammula guyya guyya kennuun, baasi maammula isani hagooguf, batit kafalti ni arggatu. Daa'imaaf namoonni guddisan, yero daa'imi isan bira kahame kanaf, hojjata hawasatiin ni toohatamu.

> **"Ijoolleen gari rakko cima waan qabaniif, maati keess jirachu inddanda'an."**

Ijoolleen gari rakko cima waan qabaniif, maati keess jirachu inddanda'an. Ijoollen kun mana garee (group home) ykn ijarssa mammula keessa kahamu ni dandda'u. Ijarssi akkana sun, ijoloe rakko adaba cima qaban fi rakko sammu qaban mammuluf danddeetti ni qabu.

Maxxannuma ("Dependency") Jechuun Maal?

Hala baye cima tahanit, dameen ykn nami iro ijoolleen waan asi gad jiran akka qaban ibssuu gara dame iyyanno galchu ni dandda'u:

- hadha/abbaan daa'ima dhiisani badan (abandoned);
- daa'imi reebame ykn adiyyome jira;
- daa'ima hadha/abba, nama seerani guddisu, ykn nama mammuluuf danddeetti qabu inqqabu.

Maxxane godhuuf sababi kun jirachu isa murtteessuf mani muri dhageetti ni adeemsia. Daa'imi mana isa/ishi keessa jirachu ykn manaa ala kahamu qaba; yero mani murti hirmmanna godhu nami toohatu ennu akk tahe murtteessuf mani murti dhageeti ni adeemsia. Murtiin mana murti ka yero gababa kun "dependency" jedhama.

Maati walit fiduuf karori mani murti qabu kun hala inni itti adeemut jiru qorachuuf maxxanumma qorachuuf dhageetin adeemsifamamn kun bati ja'a ja'an ni adeemsifame; mani murti hirmmachu itti fufu qabachu isalle ni murtteessa.

Akka Hadha/Abbat Mirgi An Qabu Maal Yo Daa'imi Kiyya Mana Kiyya Keessa Baafame, Ykn Maxxanne (Dependent) Ta'e?

Yo mani murti murti bira inkennine, hadha/aban mirggta dabalama ni qabu.

Ya daa'imi keessan mana keessa ala kahame, sababa daa'imi mana keessani ala kahamef, yeroon beeksifamuuf mirgga qabdu.

Yo daa'imi keessan mana keessa ala kaahame (mana guddifacha, mane garee ykn dhaba), daa'ima keessan dohachuf mirgga ni qabdu, yo mani murti ajaja bira inkkennin. Yero meeqa fi eessat akka doohattan, ajaji mana murti ni muldhisa.

Mirgga doohanna keesan murti ittisan hundduma mormmuuf mirga qabdu.

Hala fayya, guddina, guddina mana barumssa, ykn adaba daa'ima keessani ilalchise yeroon isin beksisuuf CPS waan dandda'u hundduma ni godha. Kana godhuuf, hala jirenya keessani hojjata CPS beeksisu ittifufu qabdu.

Mana keessani ala eegi kahamaniin boda, mana keessanit deebifamuuf wanni isin irra eegama maala akka tahe beekuf mirgga qabdu.

Karora dhimma daa'ima keesni ilalu jijjiruf yero yaadamu hundduma akka isin marihachisan godhuuf mirgga ni qabdu.

Rakko hiiku danddauuf jecha garggarssa/gorssa arggachuuf mirga ni qabdu.

“Rakko hiiku danddauuf jecha garggarssa/gorssa arggachuuf mirga ni qabdu.”

Daa'ima keessan ykn mirgga/hadha abbumaa keessanii ilalchise dhageeti mana murtiit adeemsifamu duran durssame akka isiniit himamu godhuuf mirgga qabdu (kun ka mani murti tasa hatattaman addemsisu inilalu).

Dhageeti sa'ati 72 irrat hirmmachuuf sababa gaha yo qabattan, mani murti akka maammula bakka jirenya daa'ima (shelter care) ilalchise dhageeti isini adeemsisu gaafachuuf mirgga qabdu.

Abba seera ykn nama odeeffanno barbbadu ka murti sirri isini birat, raga dhihate duwwa irra kahuun, dhimma keesan ilalchise murttiin akka isini kennamu godhuuf mirgga qabdu.

Adeemsi mana murti yero jiru hundduma hoggessa seera qabachuuf mirgga qabdu. Yo hogeessa seerati kafalu inddanddeenne, mani murti nama akamit akka isini ramadu dandda'u ilalchise hojjatan CPS odeeffanno isini kenna.

Mammilonni hunduam tajajila afan isan filataniin, aadan isnii kabajuun akka isanii dhihatu godhachuf mirgga qabu.

Mirggi Daa'ima Kiyya Maal Fa?

Daa'imi keessanilleen mirgga qaba, mirggooti kunis:

- Mirgga nyata, bakka jirenya fi waya ka fedhi isa/ishii guutu.
- Midha, reebamu, bala, mada fi adiyyomfachu irra bilisa tahani eegamuuf mirgga qabu.
- Mirgga eegumsa sammuu.
- Mirgga eegumssa fayya, kun ka dabalu, marammaru fayya, fi rakko medikala, ilkanifi sammuut maammula arggachu.
- Adeemssa mana murtii keessat mirggi isa/ishii eegamu. Namii "guardian-ad-litem" jedhamu mana murtitiin kaahamuun, mirgga daa'ima akka eegamu ni godhama. Ku yo mani murti yo tarkkanffi fudhate.

Wanni Narra Eegamu Maal?

Wanni isin irra eegamu gari ni jira:

- Mana keessani ala isi/ishin yo kaahamte, daa'imi keessan akka itti tolu godhuuf, daa'ima keesani waya fi meeshale dhuunfa dhiheessu (bijama, mesh ijoolleen taphatuun fi meeshale bro).
- Hojjata CPS wajjiin bakka wali galteen godhamet ijoollee keessan yero yeroon doohachu. Yero doohana qopha'e arggamu yo inddanddeenne, duran durssitani hojjata CPS beeksisuun dirqqi keessan.
- Tarkkanfi isini fudhachu qabddan dabale, fuuldura daa'ima keesaniti karora qopheesuuf hojjata CPS wajjiin dalagu.

- Rakko reebumma fi adiyyomsu uume hiikuf dalagu. Akka agarggarssa arggatan, hojjatan CPS fi/ykn mani murti gara birot isin qajelche, qajelcha sun horddofu ykn mufanna keessan ilalchise hojjata hawasa beksisu.
- Hali jiru keessani yo jijjirame hojjata hawasa beksisu; fakenyaf: dalaga keesan, fudhi/hiikka ykn jijjirama karoora ka biro ka daa'ima keesan tuqu.
- Hojjata CPS fi hogeessa isin garggaran biro wajjiin ballama qabame kabaju. Yo baallama kabaju indandddenne, ykn baallama haaqu mallttan, duran durssitani hojjata CPS keessan beeksisu.
- Mammula fayya, hala mana barumssa ykn odefffanno biro ka karora daa'ima keesan tuqu, dabale odeeffanno daa'ima keessa ni dhiheesu.
- Mammula daa'ima keessani fi fooyya'u jiru ilalchise hojjata CPS wajjiin haasa'u.
- Mammula daa'ima keesani baasi barbbachisuun deeggaru.

Daima Kiyya Akkamit Deebifadha?

Yo daa'ima irrat ka balan indhaqqbne tahe, CPS daa'imii hangga dandda'ame mana keessa teettu fedha. Haali mana keessa jiru daa'imi akka balan irra dhaqqaba hala waan mijeeseef, CPS daa'ima mana keessa ala kaahuuf tarkkanffi barbbachisa fudhate jira. Haali daa'ima keessan bala irra dhaqbssu jedhe hojatan CPS yaade, iyyanno maxxannumma, ka gargalchi isa isini kenname keessat, tartiban keenne jirra. Waanni inni ibssu yo isinii inggalin, hojatan ykn hoogeessi seera akka iyyanno kana isini ibssu gaafadha. Ijoleen keessan akka isini deebifamttu, hali iyyanno kana keessat kaahame, hiikamu qaba.

> **"Yo daa'ima irrat ka balan indhaqqbne tahe, CPS daa'imii hangga dandda'ame mana keessa teettu fedha."**

Mali gaariin kana irra dhaqabu danddeettaniin:

- Daa'ima keessan ilalchise yero dhageetin adeemsifamu hundduma mana murtiit arggamuun. Yo dhageeti irrat inarggamnne, abaan seera isin waanni daa'ima keessan irrat dhaqqabu akka isin inyachifnnet fudhatu dandda'u.

- Ajaja mana murti kabaja. Ijoolleen ilalchise ajaji mani murti dabarssu hudduma karora dhima waan isin irra eegamu tartibanu ka kahu ni qabata. Barumssa muffanna toohachu (anger management classes), ykn mammula warra summi bayyisu (substance abuse treatment) irrat akka hirmmattan yo ajajamttan, oso fedhi qabchu baatanille, yo mani murti isin ajaja hirmmachuu. Waanni barumssa fi mammula kana keessat barattan isin dinqqisisu dandda'a.

- Daa'imi keessan akka mana keessanit deebisu bala jiru balleessa. Kun nami akka mana keessan keessa bahu gafachu tahu ni dandda'a. Ykn, rakko isin qabattan hiikachu tahu ni dandda'a. Hala jirenya mana keessan keessa jiru fooyyessu tahu ni dandda'a. Yo mani keessan bala irra bilisa intahin, mani murti daa'imi keessan akka mana keesanit deebi'u inajaju.

Hogeessi seera na barbbaachisa?

Yero feetan hogessa seera qaxarachu ni danddeettu. Garu, oso iyyannon maxxanumma inguutamin, mani murti hogeessa seera isinii inramadu.

Yo iyyannon maxxanumma guutame, hoggessi seera isin barbbachisa, yo isin kafalu inddanddeenne mani murti isini ramada. Ijoollen keessan mana keessani ala yo kahamte, ibsi katabiin isin dhaqqabu akkamit akka gaafachu danddeettan isini ibssa. Yo isinii ingalle, hojjata CPS ykn Mana Murti Shamarrani/Darggaggoo quunnama.

Hogeessi seera mana murti keessat fedhi keessan bakka bu'a. Dhageeti hundduma durat, akka inni/ishin sirrit isin bakka buhu danddeettu hoggessa seera keessan hasofsisu indedhina. Yo isin fi hadhi/abban biro wal infudhin ykn addan jirattan, isin lachuu hoogessi seera mata keessani isini godhamu ni dandda'a.

Daa'imi keessan nama fedhi isnii bakka buhu ka "guardian ad litem" jedhamu ka mata isa/ishi qabachu ni dandda'u. Nami kun isin dubbisu fedhu ni dandda'a. Yo kun tahe, wa'e daa'ima keessani kabaettan itti gabafttan, inni/ishiin daa'ima keessan akka gaarit bakka bu'u ni danda'u.

Hojjatan CPS keessanilleen, hogeessa seera ka mata isanii ka Waajjira Abba Alangga Walitiqabatiin (Office of the Attorney General) ramadameef ni qaba.

Fula Dura Daa'ima Kiyyati Akkamit Karora Baasu Dandda'a?

Mana injijijjiramnne qabachuun daa'ima baayye barbbachisa. Yero isin ijoolle taatani mana gudifacha keessa jiratani, fira tokko gara fira tokkoti oli gad dabbarffame turtan, daa'ima kun akka baayye barbbachisa tahe ni hubattu.

Mana injijijjiramnne qabachuun daa'ima baayye barbbachisa CPS ni hubata. Daa'imi tokko mana maati isa/ishi keessa ka baafamtu yero gababaf. Akeeki CPS mana keessa baafamu yero gababaa kana xummuruun; manma isa/ishii keessat daa'imi hala bala irra ittifame akka qabatu mirkkaneessu.

Karora kana akka CPS tumu fi katabu garggaaruun daa'ima keessan garggaru ni danddeeettu.

Karori kun rakko isin fi CPS itti marihattan tartiban kahu qaba. Karori kun rakko kana hiikuf wanni godhamu qabu, enyu maala akka godhu fi kun yero meeqqa akka fudhatu, muldhisu qaba.

Mirgga Hadha/Abbumma Haaquu ("Termination Of Parental Rights?") Jechuun Maal?

Mirgga Hadha/Abbumma Haaquu (Termination Of Parental Rights) jechuun daa'ima kana ilalchise hadha/abban mirgga ykn ittigafatamuma inqqabu jecha. Daa'ima ilalu ykn dohachuuf, daa'imi akka isan bira jiratu godhuuf (custody), fula dura daa'ima murteessuf, hadha/abaan mirgga seera tokkolle inqabu. Daa'ima kana ilalchise mirgga seera ka hadha/abbuma ka isan qaban ka murttessuf anggoo qabu mana murtiit.

"Mirgga Hadha/Abbumma Haaquu ("Termination Of Parental Rights?") jechuun daa'ima kana ilalchise hadha/abban mirgga ykn ittigafatamuma inqqabu jecha."

Yero gari, unkka "A Relinquishment of Parental Rights" fedhi mata isanitiin mallateessuun hadha/abbaan daa'ima guddifacha kennu ni dandda'u. Unkka kana katabuun waan baayye cima tahe waan taheef, baayye sirriit, gutuman guutut hojjata CPS fi hoogeessa seera wajjiin itti marihatamu qaba.

Haala asi gad jiranit, mani murti hayyama malee, mirgga hadha/abbuma haaqau ni dandda'a:

- maxxanummani ni jira jedhe mani murti yo yaade;
- sababa maxxanumma kana fide sirreessuf mani murti tajajila ajaje jira, garu rakkoon kun itti fufe jira;
- daa'imi keessan baati 12 olii mana alat mammulama ture, garu fulad dura dhihoot, daa'imi keesan akka manat isinii deebi'u godhuf tattaafi gaha inggoone;
- tajajili mani murti ajaja isinii kenname fudhatani jirtu;
- haali fooyya'e daa'imi mana keessanit deebi'uuf carraan jiruu baayyf diqqa; fi
- walquunnamtiin hdha/abba fi daa'ima yiddu jiru itti fufun isa, mana daa'ima ta'u arggu isa irrat rakko ni fida.

Yero mirggi hadha/abba haaqame hundduma, hojjataan DCFS bakka daa'imi yero dheeraf keessa jiratu argguuf ni dalaga.

Nami Tokko Maal Godhu Dandda'a Murti Dhimma Ilalchise Hojjata Hawasa Ka CPS Wajjiin Yo Walmormmi Jirate?

Hojjata CPS wajjiin saaxilati walmarhihachuun yero baayye waligalte jiru ni hiika. Garu, yo rakkoon kun sadarkka sunit hiikamu inddandda'in, name fedheyu adeemssa himannaa ka baruule kana keessat kahan jala qabsiisu ni dandda'a.

Maxxanuumman (dependency) in yo jirate, hadha/abbaan lachu, waldhaba ilalchise waan jiru hogeessa seera isaniit himu qaban. Hojjatan CPS gara isatiin odeeffano jiru hogeessa seera dame bakka buhuut ni hima.

Adeemssa kanan hiikan yo inarggamin, name fedheyyu gara kana quunnamu ni dandda'u:

- 1-800-571-7321 bilbbiluun Wajjira Immimmanm Mati fi Ijoolle Eeganii (Office of the Family and Children Ombudsman) ykn 1-800-723-4831 ykn (360) 902-8061 bilbbiluun Waajjira Walqquunamti Maammila quunnama.
- Rakkon kun mirggi Seera (civil rights) akka inkabajamin yo ka muldhisu jedhame yaadame, dhaabota biro quunnamun ni dandda'ama:
- Wajjira Mirgga Seera (Office for Civil Rights) Ka Amerika, Dame Hawasa fi Tajajila Fayya, 1-800-362-1710; Namota duuda tahani (TDD) (206) 615-2296.
- Komishineera Mirgga Seera Washington (Washington State Human Rights Commission) 1-800-605-7324, Seattle; 1-800-233-3247, Olympia; 1-800-662-2755, Yakima.
- Dame Itti Dhiheenna Carra Walqixa (Division of Access and Equal Opportunity), Dame Hawasa fi Tajajila Fayya ka Washington; 1-800-521-8060, TDD, 1-800-521-8061.

Poolisii, adeemsi dalaga, fi baruleen qajelchan (manuals) ka DCFS galme hawasa bana tahe; kanaf wajjira gandda keessani hundduma keessat ilalu ni danddeettu. Akka baruuleen qajelchan haaran isini qopha'u dandda'u duran dursitani ballama qabadha; yero sun nami gaafi isin qabdani deebi isini kennuleen ni dhihata.

Seeroni Washington ka Revised Code of Washington (RCW), jedhaman, garggartu maneen kitaba guguddo, hogessa seera, yero Mana Murti Aana keessat ni arggamu. Kutan CPS ilalu kutalee 13.34, 26.44, fi 74.13 keessat ni arggamu.

Ballama ykn gafi gara wajjira DCFS gulan galchuun, namooni qoranno CPS keessat qajelloon hirmmachut jiran, galme isani qorachu ni dandda'u. Oso mammili inilalle odeeffanoon gari galme keessa haaqamu qabu.

Nama Addaan Hiru Dhiisu (Non-Discrimination) Ilalchise Poolisi Jiru

Isan birat ykn garee kontorata isani qaban birat, sababa sanyitiin, bifan, biyya irra burqanitiin, saalan, hala fudhatiin, umriin, naafumman, loltu dura ka bara Warana Veitnam tahuun, loltu duria nafa tahan tahuun, haaloon, hala saalatiin, ykn sare leenjji qabuun fayydamuun, bineenssa tajajila kennun fayydamuun, namooni akka addaan inhiramnne, akka hirmmanna irra hidhowamnne, ykn tajajila saganttale fi sochi indhowamnne, godhuun polisi Bulchinssa da'imanit. Namoota naafumma qabani garggarssi barbbachisan ni kennama, kun ka dabalu, turjjumana fi yo nu gafatan korbboon kun formata birotiin ni dhihata.

- Bulchinssa Da'imanitiin adaan hirame jira jedhani mammiloni yadan, dhabota asi gad jiranit mufanna isani galmeefachu ni dandda'u:

- Wajjira Mirgga Seera (Office for Civil Rights) Ka Amerika, Dame Hawasa fi Tajajila Fayya, 1-800-362-1710; Namota duuda tahani (TDD) (206) 615-2296.
- Komishineera Mirgga Seera Washington (Washington State Human Rights Commission) 1-800-605-7324, Seattle; 1-800-233-3247, Olympia; 1-800-662-2755, Yakima.
- Dame Itti Dhiheenna Carra Walqixa (Division of Access and Equal Opportunity), Dame Hawasa fi Tajajila Fayya ka Washington; 1-800-521-8060, TDD, 1-800-521-8061.

Washington State
Department of Social
& Health Services

DSHS 22-484(X) OM (Rev. 11/03)